# TUULAMAA INTERNATIONAL CIVIC ORGANIZATION

D H A A B B A T A L A M M U M M A A I D I L A D D U N Y A A T U U L A M A A

## TICO Nabiyyi Heenook Girmaa Hatattamaan Seeraatti akka Dhiyaatu Gaafata

Muddee 16, 2018 (ALH) / December 25, 2025

**Mata-duree:** TICO’n dubbii jibbansaa Heenook Girmaan dubbatame balaaleffata; itti gaafatamummaan akka mirkanaa’us ni gaafata.

**Seensa** Dhaabbanni Siivikii Idil-addunyaa Tulaamaa (TICO) dubbii jibbansaa dhiheenya kana Nabiyyi Heenook Girmaan dubbatamee fi jibbinsa gosaa kakaasu cimsee mormu. Gochi kun uummata gidduutti qoqqoodinsa kan uumuu fi keessattuu kabaja uummata Oromo Salallee kan tuqu ta'ee arganneerra. Dhaabbanni keenya TICO jibbinsa, qoqqoodinsaa fi gocha xuraawaa kamiyyuu cimsee mormu. Bu'uura kanaan, TICO dubbii qomummummaa, qaanii fi xibaara Nabiyyi jedhamuun kan beekamu Heenook Girmaan uummata Oromo Salallee irratti dubbate ilaalchisee ibsa armaan gadii baaseera.

**1. Seenaa fi Kabaja Uummata Salallee** Uummanni Oromo Salallee seenaa Itoophiyaa keessatti gootummaa, jaalala biyyaa fi aarsaa kaffaleen kan beekamu uummata boonaadha malee, akkuma Heenook Girmaan uummataa fi biyya sana ibse maqaa qaaniitiin kan beekamu hin turre, mitis, ta'uus hin danda'u. Uummanni Oromo Salallee cichoominaan kan beekamu, sirna Gadaatiin kan kabajamu fi gumaacha gama hedduun biyyaaf godheen kan yaadatamu uummata beekamaadha.

- **Cichoomina:** Cunqursaa sirnoota darban keessa isa mudate obsaan dabarsee, dhiigaa fi lafee isaatiin eenyummaa fi aadaa isaa kabajsiisee kan ture uummata boonaadha.
- **Sirna Gadaa:** Sirna Gadaa kan dimookiraasii, qixxummaa fi namooma calaqqisiisu eeyyee tursiisuun addunyaaf fakkeenya ta'eera.
- **Gumaacha:** Ispoortii (Atleetiksii), hoggansa waraanaa fi dippilomaasiidhaan maqaa Itoophiyaa addunyaa irratti kan waamsisedha.

**2. Gocha Jibbansaa Heenook Girmaa** Namni kun "JPS TV" fi mana amantaa isaa fayyadamuun, uummataa fi biyya Salallee "lafa mofaa fi falfaltootaa" jechuun uummata keenya hunda arrayseera. Namichi kun uummata maqaa seexanaa waliin walitti hidhuun eenyummaa isaa karaa armaan gadiitiin gad-xiqqeesseera:

- Uummata Salallee "uummata duubatti hafaa fi miira gadi-aantummaa qabu" jechuun arrayseera. Kun eenyummaa uummataa kan xiqqeessuu fi kabaja isaa kan tuquudha.
- Gochi kun amantaa fi gosa gidduutti walitti bu'iinsi akka uumamu kan taasisu adeemsa balaa qabudha jedhee dhaabbanni keenya amana.

**3. Ejjennoo TICO Qaamolee Mootummaatiif:** Dhaabbanni keenya himannaa Bulchiinsi Zoonii Salallee jalqabe deeggaruun; Mootummaan Federaalaa, Mootummaan Naannoo Oromiyaa fi Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee hatattamaan namicha kana seeraatti akka dhiyaatu fi tarkaanfii seeraa barsiisaa ta'e akka irratti fudhatamu ni gaafata. Akkasumas, warri karaa ala-seerummaa ta'een maqaa amantaatiin dhokatanii eenyummaa uummataa xiqqeessan, oomishitoota fi raabsitoota dubbii jibbansaa ta'an itti gaafatamummaa seeraa jalaa milquu hin qaban jennee amanna. Kanaafuu:

- **Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaatiif:** Namni kun hatattamaan seeraatti akka dhiyaatu ni gaafanna.
- **Mana Amantaa JPS fi Televijinii JPS:** Jibbinsa gosaa babal'isuu isaaniitiin seeraan gaafatamuun ni malaaf.
- **Uummata Oromoof:** Namicha kana seeraatti dhiyeessuuf carraaqqii taasifamu keessatti uummanni keenya tokkummaan akka dhaabbatu waamicha ni dhiyeessina.

Uummanni Salallee fakkeenya kabajaa fi gootummaati malee miidhamaa dubbii jibbansaa ta'uu hin qabu!

**Dr. Girma A.**

**TICO Daayireektara Ol-aanaa Canadaa**

www.tuulamaa.org +1 825-561-2084 Alberta Calgary Canada
tico@tuulamaa.org +1 587-917-8905 Middle East, (UAE)
tuulamaa2023@gmail.com +1 825-000-0000 East Africa Oromia,

Etiopia